HIIKKAA WANGEELA MAATIWOOS

BARREESSAAN WELDE SEMAIT

BARA 2012
FINFINNEE

>>> Wangeela Qulqulluu ፥ ቅዱስ ወንጌል <<<

.

Seensa /1/

.

Maqaa Abbaa kan Ilmaa kan Afuura Qulqulluu Waaqa tokkoon Ameen!

.

Maatiiwwan Waaqayyoo ijoolleen haadha keenya Dubroo Maariyaam nagaa Waaqayyootiin akkam jirtuu?

.

Akkuma beekamu yeroo darbe karaa fuula fb keenyaatiin barnoota koorsii akka barannu, isinis akka galmooftanii barattan isin beeksifnee turre. Ammas kunoo akka fedha Waaqayyootti Koorsii "Hiikaa Wangeelaa Maatewoos" tokko jennee jalqabne, isinis hanga dhumaatti dubbisaa! egaa kaa qorumsa baay'eetu jira waan ta'eef yeroo hunda kadhannaa keessaniin nu yaadadhaa.

.

Koorsii kana keessatti jechootni afaan Gi'izii fi Amaariffaa kallattumaan barreeffamuu danda'u, sababni isaas koorsichi dhadhabbii guddaan afaan biraa irraa waan hiikameefi. Akkasumas adeemsa koorsii keenyaa keessatti caqasoota ykn xiqsiiwwan akka dubbistan isin affeerra nuti gabaabsinee barreessineetu isinis yeruma sana akka isiniif galuuf yeruma sana Kitaaba Qulqulluu irraa dubbisaa. Kana kan goonu koorsicha bifa gabaabaa fi hubatamaa ta'een kennuuf jechadha. Egaa dursinee waanuma hundaafuu nu oofkalchaa jenna.

.

Jalqaba irratti hiika jecha Wangeela jedhuu ilaalla, Wangeela jechi jedhu jecha Giriikii "Evangeliyon" ykn "Ivangeeliyoon" jedhu irraa kan dhufeefii hiikni isaas; Kan Missiraachoo, Missiraachoo jechuudha. Missiraachichis ykn wanti gammachiisaanis Iyyesuus Kiristoos jechi ykn sagaleen Tawaahidoo dhaan nama ta'ee ibsamuu isaa, kan hin argamne argamuu isaa, kan hin tuqamne tuqamuu isaa, araara uumuun isaa, Addaam lammaffaa ta'ee gara lafaatti dhufuun isaa, akkasumas ergamootaan galateeffamuu isaa dhaga'uudha. Missiraachichis kan dubbatu dhageenyee akka fayyinu, amannee akka fayyinudha.

.

Akka bu'uura Kitaaba Qulqulluutti Wangeela ykn Missiraachoo jedhamee kan waamamu;

.

1. Ofii isaa Gooftaan keenya Iyyesuus Kiristoosis ta'e Duuka Bu'oonni isaa barnoota barsiisanidha. Gooftaan keenyas ta'e Duuka Bu'oonni waa'ee isaa ykn /Ilmi Abbaa Ilmi Maariyaam, Tawaahidoo dhaan qaama lamarraa qaama tokko, amala lama irraa amala tokko akka ta'e, fannoo irratti akka fannifame, kabajaan ol ba'ee mirga abbaa isaa akka taa'e, lammaffaas akka dhufu...../ barnoonni barsiisan hundi Wangeela jedhama. Maat. 4:23, Maarq. 1:15. Akkasumas "Dhuma irrattis bartootaan gara Addunyaa hunda deemaa, Wangeelas uumamtoota hundaaf lallabaa, kan amane kan cuuphame ni fayya, kan hin amanne garuu itti faradama." Maarq. 16:16. Caqasa kana irraa akkuma hubannu Wangeelli barnoota Amantaati, kanaafuu bakkaa fi yeroo hin daangoftu.

.

2. Waa'ee ibsamuu /ሞገለጥ/ ilma Waaqayyoo barnoonni dhugaa kennamu hundi Wangeela jedhama. "Kitaabnis Waaqayyo Ormoota Amantaan akka 'fudhatu' /እንዲፀድቁ/ dursee argee siin Ormoonni ni eebbifamu, jedhee Wangeela Abrahaamiif dursee lallabe." Jechuun Abrahaamiif akka lallabamte kan ibsame barnootichi Iccitii Foonummaa /ስጋዌ/ kan ibsu waan ta'eefi. Gal. 3:8

.

Abbootiin Mana Kiristaanaa kitaaba Raajicha Isaayyaasiin, Foonummaa dursee akka raagaatti iccitii fi fakkeenya osoo hin taane, akka bara Foonummaatti ture ta'ee kallattiin dubbachuu isaatiin 'Wangeela Gogaa" jedhanii waamu.

.

3. Qulqulluun Phaawuloos waa'ee maalummaa Wangeelaa bifa bal'aa ta'ee fi gadi fageenya qabuun ibseera. Wangeelatti amanuu fi amanamuun; dursanii waa'ee Kiristoos dubbachuu, barsiisuu, kanaafis gidirfamuu ta'uu isaa Rom. 1:16 irratti ibseera. Qulqulluun Phaawuloos tajaajila isaa kanatti gammadaa ture, Kana caala tajaajilli kabajamaa hin jiru waan ta'eef. Yaada isaa kanas 1 Qor. 9:15-19 irratti ibsee kaa'era.

.

.

Wangeelli ajajamuu ta'uu ishee yeroo ibsus, "Waldaa Wangeelaa akka taanuuf, waa'ee Wangeelaaf waan hunda nan raawwadha" jedheera. 1 Qor. 9:23. Kanaafuu Wangeelli waa'ee foonummaa irratti kan xiyyeeffatu barnoota dhugaati. Barnootichis Abrahaamiif kan lallabame dursa foonummaa, Gooftaan keenya kan lallabe lallaba bara Foonummaati, akkasumas isa hordofanii kan barsiisan barnoonni Duuka Bu'ootaa hundi Wangeela.

.

Qulqulluu Wangeela

.

Akka Mana Kiristaanaa keenyatti kitaabni Wangeela Qulqulluu jedhamuun beekamu kitaabolee kakuu haaraa jalqaba jiran arfan qabata. Isaanis Wangeela kan jedhamaniif; barnoota gooftaa keenyaa, seenaa isaa, raajii isaa fi k.k.f kan qabate waan ta'eefi, kana yeroo jennu guutummaatti osoo hin taana bu'uura kan ta'aanii fii muraasa qabate. Yoh. 20:30-31, 21:25

.

Sababni isaas akkuma Qulqulluun Yohaannis jedhe seenaan, raajiin, barnoonni Gooftaa keenya barreeffamee, dubbatamee hin dhumu.

.

Fakkeenyaaf;
Gooftaan Keenya waggaa kudha lama dura,
Waggaa Kudha lamaa hanga 30tti eessa akka ture baay'inaan hin barreeffamne.

.

Galanni Waaqayyoof haa ta'u!
.Kibxata 16/10/2012 E.C
itti fufa!

<<< Wangeela Qulqulluu ፥ ቅዱስ ወንጌል>>>

.

Seensa /2/

.

>>> Wangeelota Arfan ፥ አርባእቱ ወንጌላት <<<

.

Maqaa Abbaa kan Ilmaa kan Afuura Qulqulluu Waaqa tokkoon Ameen!

.

Maatiiwwan Waaqayyoo, ijoolleen Haadha keenya Qulqulleettii Dubroo Maariyaam nagaa Waaqayyootiin akkam jirtuu?

.

Seensa Koorsii kanaa lakkoofsa tokko kaleessa ilaallera kan itti aanuu ammoo kunooti, garuu osoo seensa /1/ hin dubbisiin kanatti hin ce'iinaa!

.

Wangeela jedhamuun Kitaaba Qulqulluu irratti kan beekaman lakkoofsaan afuridha, akkasumas barreessitoonni isaaniis afuridha, lama duuka bu'oota 12'n keessaa, lama abbootii ykn qulqulloota 72'n keessaa.

.

Kitaaboleen Qulqullaa'oo kan barreeffaman gargaarsa, dursummaa fi ibsa Afuura Qulqulluutiini. Kunis kan beekamu barreessitoonni kun barreessuu isaaniin ala waan biraa itti hin dabalan. Kitaabolee adda baasuun, lakkaa'uun, safaruun, murteessuun kan dhufe boodarra waan ta'eef. Fknf jalqaba Wangeela Maatewoos irratti "Wangeela Gooftaa keenya Iyyesuus Kiristoos akka Qulqulluu Maatewoos barreessetti" mata dureen jedhu kan kenname bara 325 abbootiidhaani.

.

Kunis afuriin akka daanga'an kan taasifame ogummaa Waaqayyootiini. Kanaafis ykn afur ta'uu isaaniifis fakkeenya kan ta'anii fi afur ta'uu isaaniif ibsa kan ta'an haa ilaallu.

.

1. Waaqayyo Jannata akka obaasaniif lageen afur uumeera. Laggeen kunis Afran isaaniiyyuu Jannata tokkittii Eden keessaa ba'uun ykn burquun biqiloota gogiinsa irraa gara lalisummaatti, lalisummaa irraa gara daraaraatti, daraaraa irraa gara firiitti kan fidanidha. Kanaafis biqiloota Addunyaa irra jiran lageen kanaan obaasee ykn sooree akkuma firiif geessiisu, namootni Addunyaas Wangeelota Arfaniin sooramuun firii kabajaaf gahaa ta'u. Isaanis;

.

- Efeesoon laga aannaniiti. Maatewoos kanaan fakkeeffama, Waa'ee dhaloota sanyiin dhalatanii barreessa waan ta'eef, tokkos waa'ee daa'imman Heroodis ajjeesisee ni dubbata waan ta'eef kennummaan ykn /ርስት/ isaa daa'immaniifi.

.

- Giyoon laga Wayiniiti. Maarqoos kanaan fakkeeffama, Wayiniin laphee namaa ni qabbaneessa, ni gammachiisa waan ta'eef innis kennaan gammachuu Afuura Qulqulluu kan ittiin namaaf kennamu Cuuphaan jalqaba waan ta'eef, kennummaan isaa ykn abbummaan isaa yoo tsooman yoo kadhatan hojiin isaanii itti tolee warra hojjataniifi.

.

- Xeegroos laga Dammaati. Luqaas kanaan fakkeeffama, dammi ulfaataa dha, Luqaasis "Yaa Abbaa kan godhan hin beekan dhiisiif" jedhee jedha ulfaataa ni barreessa waan ta'eef. Abbummaan isaa namoota wanta faallaa, cimaa, ulfaataa danda'aniif ykn isaaniif danda'aamuufi.

.

- Efraaxis laga Zayitiiti. Yohaannis kanaan fakkeeffama, Zayitiin cimaa dha /ፅኑ/, Yohaannisis "Addunyaa irratti rakkoo ykn gidiraa simattu, keessummeessitu, garuu cimaa....." jedhee barreessa waan ta'eef, akkasumas Zayitiin ifadha /ጥሩህ/ innis barnoota isaan laphee namaa ifa taasisa waan ta'eef. Kan biraas Zayitiin shittoowwan afran walitti fidee, makee /አዋህዶ/ fooliin tokko isaan taasisa, innis obboloota isaa iccitiin 'rakkisa' /ይበዘብዛቸዋል/. Abbummaan isaas Wareegamtootaafi.

.

2. Akkasumas Wangeelonni Arfan Haadholii manaa Yaa'iqoob arfaniin fakkeeffamu.

.

- Maatewoos Liyaan fakkeeffama. Haadholiin manaa Yaa'iqoob Liyaa fi Raaheelidha, Baalaa fi Zalafaan gargaartota /tajaajiltoota/ Raaheelii fi Liyaa ti. Garuu isaanis ijoollee dahaaniif haadha manaa jedhamaniiru.

Isaan kana keessaas jalqaba kan deesse Liyaadha; Yihudaa deesseerti. Uma. 29:31 fi 35. /kana yeroo jennu Yihudaa qofa deesse jechuu miti/

Maatewoos jalqaba hidda dhaloota gooftaa barreesseera, hiddi isaas Yihudaa irrati. Maat. 1:2.

.

- Maarqoos Baalaan fakkeeffama. Lammaffaa irratti kan deesse Baalaadha/tajaajituu Raaheel turte/ isheenis Raaheel fakkaattee mucaa deesse. Uma. 30:3-6. Maarqoosis Yohaannis fakkaatee barreesse, yeroo Yohaannis "dursa jecha ykn sagalee" jedhu akkuma barreesse Maarqoosis "jalqaba Wangeela Ilma Waaqayyoo Iyyesuus Kiristoos" jechuun jalqaba. Marq. 1:1

.

- Luqaas Zalafaan fakkeeffama. Haadholii manaa Yaa'iqoob keessaa sadaffaa irratti kan deesse Zalafaadha. Zalafaan hamma Liyaa geessee, fakkaattee mucaa deesseetti. Luqaasis hamma Maatewoos ga'ee, fakkaatee hidha dhaloota Gooftaa barreesseera. Garuu Maatewoos yeroo barreessu gaaraa gara gadiitti ykn gubbaa gara jalaatti yeroo barreessu, Luqaas ammoo gadii gara gaaraa ykn oliitti, ykn jalaa gara gubbaatti barreesseera.

.

Maat. 1:1 irratti "Ilma Daawwit, Ilma Abrahaam" jechuun yoo gubbaadhaa eegalu, Luq. 3:23 irratti ammoo " ..... Ilma Yooseef isaanitti fakkaata ture, Ilma Elii, Ilma Maatii, Ilma Leewwii...." jechaa hidda dhalootaa kana jalaa gara gubbaatti, ykn dhumaa gara jalqabaatti barreessuyyuu hidda dhalootaa kana bal'isanii barreessuun isaanii wal isaan fakkeessa.

.

Kanaaf Maatewoos gubbaa gara jalaatti barreessuun isaa Dhufaatii Kiristoos gara Addunyaa kanaa agarsiisa ykn ibsa. Luqaas jalaa gara gubbaatti barreessuun isaa gara samiitti ol ba'uu isaa ibsa.

.

Tokkos Maatewoos gaaraa gara gadiitti barreessuun isaa Waaqayyoo ykn Iyyesuus Kiristoos nama ta'uu isaa; Luqaasa gadii gara oliitti barreessuun isaa ammaa Iyyesuus Kiristoos Waaqayyo ta'u isaa ibsa.

.

- Yohaannis Raaheeliin fakkeeffama, Haadholii manaa Yaa'iqoob arfan keessaa kan arfaffaa irratti deesse Raaheelidha, Wangeelota /wangeelaawwiiwwan/ keessaas kan dhuma irratti barreeffame ykn barreesse Yohaannisidha. Akkasumas Raaheel haadholii manaa Yaa'iqoob kaan caala Yaa'iqoobiin kan jaalatamtudha Uma. 29:30, Yohaannisis duuka bu'oota kaan caala Gooftaa keenya Iyyesuus Kiristoosiin kan jaalatamudha. Yoh. 13:23, 19:26.

.

Galanni Waaqayyoof haa ta'u!

.

Itti fufa!
Barreessan Welde Semait

.

Roobii, 17/10/2012
<<< Wangeela Qulqulluu ፥ ቅዱስ ወንጌል >>>

.

Seensa /3/

.

>>> Wangeelota Arfan <<<

.

Kan darbe irraa kan itti fufe

.

Maqaa Abbaa kan Ilmaa kan Afuura Qulqulluu Waaqa tokko Ameen!

.

Maatiiwwan Waaqayyoo, Ijoolleen haadha keenya Qulqulleettii Dubroo Maariyaam nagaa Waaqayyootiin akkam jirtuu?

.

Kutaa darbe keessatti fakkeenyota Wangeelota Arfanii ilaaluu jalqabnee turre kan itti aanu kunooti.

.

3. Wangeelonni Arfan teessoo isaa kan baatan bineeldota /bineensota//አርባእቱ እንስሳ/ arfaniin fakkeeffamu. Teessoo isaa ni baatu kan jedhamu Abrahaamiif, Yaa'iqoobiif, Isaayyaasiif fi warra kaaniifis akka amantaa isaaniitti kan ittiin ibsameef teessoo isaa ittiin ibsamudha. Tokkos akkamitti isa

baatu yoo jettan, isaan baata malee isa hin baatan fedhii isaatiin kan itti ibsamu, kan itti mul'atu, kan itti galateeffamu kennaan kan isaan irra bulu waan ta'eef akkas jedhe. Kanaafi Dubroon Maariyaam kan Kiruubeel fi Suraafeel caaltu, isaan kennaa fi gargaarsaan isa teessoo isaa baatan, isheen ammoo dhugumaan Gooftaa gadameessaa fi harka isheetti baatte.

.

Waaqayyo akkuma Kirubeel kana irratti ibsamu, Iyyesuus Kiristoosis Waaqayyo kabajni isaa, sadummaan isaa, tokkummaan isaa Wangeelota kana irratti waan ibsamuuf bineensota kana arfaniin fakkeeffamu. Isaanis;

.

- Maatewoos Fuula Namaan fakkeeffama; Hidha dhaloota gooftaa isa lafarraa lakkaa'uun barreessa waan ta'eef, kanaafis "Ilma Daawwit, Ilma Abrahaam, Kitaaba dhalootaa Iyyesuus Kiristoos" jedha. Maat. 1:1

.

- Maarqoos Fuula Leencaan fakkeeffama; Leenci bosona jiraata namarraa fagaatee, garuu sagalee isaa yeroo dhageessisu bineensota hunda rifachiisa, Akkasumas Sa'aaf gooftaa isheeti, ni cabsa. Maarqoosis Gibxiitti yeroo barsiisu Xaa'otiiwwan sa'aa kan warra Gibxii rifachiiseera.

.

- Luqaas Fuula Sa'aan fakkeeffama; Iyyesuus Kiristoos mooraa loonii keessatti dhalachuu isaa, tiksoonni fi ergamoonni waliin faarfachuu isaanii ni barreessa waan ta'eef. Luq. 2:8-18, Gama biraatiinis Saanni Kakuu Moofaatti Aarsaaf kan dhiyaattu turte, Luqaasis waa'ee aarsaa Kiristoos ni barreessa waan ta'eef.

.

- Yohaannis Fuula Risaatiin fakkeeffama, Risaa uumama hunda caalaa wanta tokko fageenyatti arguu ni danda'a, yeroo balali'us garmalee ol fagaatee balali'a. Yohaannis isa biyya lafaa dhiisee gara samiitti ol ba'uun waa'ee Iyyesuus Kiristoos "jalqaba sagaleetu ture" jechuun barreessa. Yoh. 1:1

.

4. Akkasumas Waaqayyo uumamtoota isaa Qilleensa Araaraa Arfaniin soora. /አራቱ ነፋሳተ ምህረት/. Qilleensi ykn bubbeewwan kun arfan yeroo bubbisan namootaaf waan baay'ee ykn shan ta'u, ykn waan shan taasisuuf, Isaanis; Coba /ጦል/ Rooba, Jireenya, Eebba fi fayyina ykn fayyisuu. Wangeelonni kun arfanis ykn barnoota Wangeelota kana arfaniitiinis ykn barnoota Wangeelota kana arfanii irraayis;

~ Akka cophaatti barnootni mi'ooftuu,
~ Akka Roobaa ykn bokkaatti Fooniif dhiigni,
~ Akka Fayyinaatti fayyinni lubbuu,
~ Akka Jireenyaatti Jireenyi bara baraa,
~ Akka Eebbaatti Eebbi Afuurawaa irraa argamu.

.

5. Akkasumas Wangeelonni Arfan Urjiiwwan arfaniin fakkeeffamu. Isaanis; Hilmalimeeleek, Milika'eel, Mili'eel, Naareel jedhamu. Isaan kunis Aduu hordofuun uumamtoota nyaata foonii sooru. Wangeelonni kun arfanis, baricha ykn waqtii iddoo afuritti qooduun; Aduu dhugaa /ፀሀየ ፅድቅ/ kan ta'e Iyyesuus Kiristoos hordofuun nama nyaata lubbuu ykn afuuraa sooru.

.

5. Akkasumas Wangeelonni Arfan Waqtiiwwan Arfaniin fakkeeffamu; waqtiiwwan arfan kunii fi fakkeenyi isaaniis;

.

~ Maatewoos Waqtii Arfaasaan fakkeeffama, Arfaasaan Waqtii sanyiiti, Maatewoosis waa'ee sanyii ykn hidda Kiristoos warra kaan caala bal'isee ni barreessa waan ta'eef. Akkasumas Arfaasaan Waqtii Lafaati, Maatewoos waa'ee dhaloota isaa isa lafarraa barreessa waan ta'eef wal fakkaatu ykn ittiin fakkeeffama.

.
~ Maarqoos Waqtii Gannaan fakkeeffama; Ganni waqtii ykn yeroo roobaa ykn bishaaniiti, Maarqoosis cuuphaan jalqaba waan ta'eef kanaan fakkeeffama.
.
~ Luqaas Waqtii Birraatiin fakkeeffama; Waqtiin Birraa Waqtii ykn yeroo qilleessaa ykn yeroo bubbeeti, Luqaasis Qilleensa ykn Bubbeen kan fakkeeffamu waa'ee Afuura Qulqulluu barreessa waan ta'eef kanaae fakkeeffama.
.
~ Yohaannis Waqtii Bonaatiin fakkeeffama, Waqtiin Bonaa yeroo ykn Waqtii Aduu, Abiddaa fi gogaadha; Yohaannis kanaan fakkeeffama ibsa tokkoyyuu kan hin qabne jecha gogaa "dura jechatu ykn sagaleetu ture" barreessa, waan ta'eef, Akkasumas Bonni Waqtii ykn yeroo makaraati, Yohaannisis waa'ee makara jireenya bara baraa ni barreessa waan ta'eef.
.
Wangeelonni Arfan kan ittiin fakkeeffaman kanneen kanaa olitti ilaalleen qofa miti wantoota hedduun fakkeeffamu nuti garuu asuma irratti dhaabna.
.
Itti fufa!
.
Galanni Waaqayyoof haa ta'u!
.
Kamisa, 18/10/2012
.
Barreessaan :- Wolde Semait

<<< Wangeela Qulqulluu ፥ ቅዱስ ወንጌል >>>

.

Seensa /4/

.

>>> Hiikoo Andimtaa <<<

.

Maqaa Abbaa kan Ilmaa kan Afuura Qulqulluu Waaqa tokko Ameen!

.

Maatiiwwan Waaqayyoo, ijoolleen haadha keenya Qulqulleettii Dubroo Maariyaam nagaa Waaqayyootiin akkam jirtuu?

.

Warreen Koorsii kana dubbistan dursa osoo kutaalee darban hin dubbisiin kanatti hin darbiinaa! erga dubbistanii xumurtaniin booda yaada keessan nuuf barreessaa!

Abbootiin Mana Kiristaanaa bara durii turan kan jechaan (ቦቃል) baratan gariin yeroo jechumaan (ቦቃል) barsiisan, Gartokkeen ammoo Biraannaa irratti barreessuun ol ka'anii dhalootaa dhalootatti dabarsuun rakkoo, gidiraa cimaa keessa dabarsuun nu biraan gahaniiru. Kitaabolee ykn barnoota kanneen keessaas Barnoonni ykn Kitaabni Hiikoo Andimtaa isa tokkodha. Andimtaa Kitaabolee Qulqullaa'oo hiikuuf, ibsuuf, kan dhokate baasuuf gosa barnootaa tajaajiludha.

.

Kunis Amantoonni Amantaa isaanii bal'inaa fi gad fageenyaan akka baratan, hubatan godha. Kitaaba Qulqulluu keessattis Hiikoon sammuu fi laphee namaa akka ibsu barreeffamee jira. Faar. 118:130. Kunis kan ibsu barnoonni hiikoo Andimtaa Kiristaanotaaf akka barbaachisudha.

Kanaafuu Andimtaa Kiristaanaa barbaachisaa ta'uu isaatiin, hiikoo barachuun, beekuun barbaachisaadha. Sababni isaa karaa ifa ta'een Wangeela akka hubatan fi barnoota abbootii akka baran waan taasisuuf.

.

Abbootiin Mana Kiristaanaa "namni Kitaaba dubbisu yoo jiraate gara dubbisa walakkaatti osoo hin seeniin dura sababa inni itti barreeffameef, mata duree isaa haa dubbisu!" jedhaniiru. Yoo kanaan alaa deemsi isaa nama osoo kan miilaan irra ejjatanii kooraa yaabbatan irra hin ejjetiin kooraa irra ba'u ykn nama riqicha ykn sadarkaa (ደረጃ) irra osoo hin ejjetiin gara teessoo (ሁፋን) ba'u fakkaata jedhaniiru.

.

Nuti bu'uuruma abbootii kanaatiin osoo kallattumaan gara hiikoo Andimtaa Wangeela Maatewoositti hin seeniin dura seenaa, seensa isaa ilaallaa jirra ykn gara koorraatti ba'uuf isa miila irra ka'atan irra ejjechaa jirra. Mata duree kana jalattis qabxiilee gurguddoo sadii wal duraa duubaa ni ilaalla, isaanis;

.

~ Barbaachisummaa Hiikoo (የትርጉዋሜ አስፈላጊነት)

~ Gosoota Hiikoo (የትርጉዋሜ አይነት)

~ Hiikoon Andimtaa yoom eegale?

.

1. Barbaachisummaa Hiikoo

.

Namni sammuu cimaa yaadu qabaatuyyuu garuu sababa cubbuu isaatiin kallattiin waa'ee Waaqayyoo beekuu dhorkameera, jecha ykn sagalee uumaa ykn Waaqayyoo dhaga'uu dhiisee kan uumamaa ykn Seexanaa dhaga'eera waan ta'eef, kanaanis kennaan isaa harkaa fuudhameera. Kitaabni Qulqulluunis "Kitaabolee fi Humna Waaqayyoo hin beektaniitii ni dogoggortu" Maat. 22:29, kan jedhe kanuma ibsa ilmi namaa iccitii ykn waa'een Waaqayyoo akka jalaa dhokatedha, kanaafuu kana hubachuuf, barachuuf, baruuf hiikoon barbaachisaadha.

.

Sagaleen Waaqayyoo akka dinnichaa, kaarotaa jala buqqifamee, qotamee kan nyaatamu malee ijuma qofaan gubbaadhaa ilaalamee kan hubatamu, kan baratamu miti. Nyaatni Foonii illee yeroo ibiddaan bilchaatudha kan qaamaaf mijatu, wal simu. Kitaabni Qulqulluunis yeroo hiikoo dhaan baratanidha kan jireenya afuuraa bareechu jedhees kan wareegamummaan nama geessisu. Kanaafuu ilmi namaa jireenyi afuurawaa isaa akka bareeduuf hiikoon barbaachisaadha.

.

Kana qofaa miti namni wantoota hedduun gargar ta'a, fknf;

~ Biyyaan = aadaan, sirni biyya tokkoo kan biyya biraatiin gargaridha.

~ Barnootaan = Haalli barnootaas gargari, kan tokkoon beekaa ta'e kan biraan wallaalaa ta'uu danda'a. Kanaaf namnis kanneen fi k.k.f akka hubatuuf hiikoon barbaachisaadha.

.

Kitaabni Qulqulluu barri itti barreeffame, dubbatame waggoota hedduun dura. Kitaaba Qulqulluu irrattis uummanni gara jalqabaa jiran, haalli jireenya isaanii, walitti dhufeenyi Waaqayyo waliin qaban kan dhaloota bara kanaa irraa addadha, kanaaf dhaloota har'aa kanaaf Kitaaba Qulqulluun hiikuun barbaachisaadha.

.

Gama biraatiin Kitaaba Qulqulluu keessatti gosootni dubbii garaa garaa ni argamu, akka abjuu, Mul'ata, raaga, hibboo, fakkeenyaan, dubbii ciigoo /ቅኔ/ dhaan, akkasumas seenaawwan fi taateewwan ajaa'ibaa kan amaloota bineensotaa fa'a ni argamu. Kanneen kana hubachuufis hiikoon ni barbaachisa. Barreeffamoonni duraa booda keessatti hiikamanii ni argamu. Kitaaboleen Kakuu Moofaa Kakuu Haaraa keessatti Wangeela Maatewoos fi Ergaa gara warra Ibrootaa irratti bal'inaan hiikameera, gama biraanis Kitaabni Saamu'eel fi Moototaa, Kitaaba Seenaa Baraa irratti hiikamanii ibsamanii, akkasumas barreeffamoon Kakuu Haaraa gara jalqabaa jiranis warreen boodarraa irratti hiikamaniiru.

Uma. 40:1-23, Abbootii Firdii 14:12, Dan. 5:12, Luq. 13:32, Yoh. 10:11, Erm. 31:29-30, Hizq. 18:1, Maat. 10:10, 1 Xim. 5:18, Yoh. 2:21.

.

Akkasumas akka adeemsa Kitaaba Qulqulluutti iddo tokkotti raajii ta'ee kan dubbatame, iddoo biraatti raawwatamee argama. Iddoo tokkotti kan hiikamne ammoo iddoo biraatti hiikamee argama. Kana irratti inni iddoo tokkotti barreeffame isa iddoo biraatti barreeffamee jirun kan wal dha'u kan fakkaatu hiikoo isaa wallaaluuni, kanaaf hiikoo walitti nu araarsa. Akkuma dura ibsine gubbaadhaa seensa ykn mata duree isaa fi xumura isaa ilaaluun wal bira qabuun hiikoo irratti beektota kan ta'an bu'uura hiikoo Qulq. Yohaannis Afaan Warqee fi Qulq. Qeerloos irraa osoo adda hin ba'iin hiikuun barbaachisaadha. Qulqulluun Phaawuloosis kanuma ajaja. Filp. 4:9, Akkasumas Qulqulluun Pheexiroosis Afuura Qulqulluun ala hiikuun akka hin danda'amne ni akekkachiisa. 2 Pheex. 1:20. Akkasumas yaada dabalataa 2 Pheex. 3:18 irratti dabala.

.

Itti fufa!

.

Galanni Waaqayyoof haa ta'u!

.

Wiixata, 22/10/2012 E.C

Wolde Semait.<<< Wangeela Qulqulluu ፥ ቅዱስ ወንጌል >>>

.

Seensa /5/

.

>>> Hiikoo Andimtaa <<<

.

Maqaa Abbaa kan Ilmaa kan Afuura Qulqulluu Waaqa tokko Ameen!

.

Maatiiwwan Waaqayyoo, ijoolleen haadha keenya Qulqulleettii Dubroo Maariyaam nagaa Waaqayyootiin akkam jirtuu?

.

Barreeffama keenya yeroo darbee ykn seensa /4/ irratti waa'ee maalummaa Hiikoo Andimtaa fi barbaachisummaa isaa ilaalleera, kunooti kutaan itti aanus, dursa kutaalee darban dubbisuun kanatti ce'aa!

.

2. Gosoota Hiikoo

.

Manni Kiristaanaa Ortodoksii Tawaahidoo Itoophiyaa Hiikoo kan mataa ishee ta'e ni qabdi. Kan fagaate dhiyeessitee, kan dhiyaate bal'istee kan ittiin dhiyeessitu gosoota hiikoo garaagaraa kan qabdu yoo ta'u, isaan keessaa gurguddoon; Hiikoo baaqqee, fakkeenyaa hiika iccitiin fi Andimtaa dha.

.

~ Hiikoo Baaqqee ykn qeenxee (ነጠላ ትርጉዋሜ)

.

Hiikoo baaqqee kan jedhamu, jechicha ykn barreeffamicha kallattiin kan hiiku, ibsa homaayyuu kan hin qabne yoo ta'u Afaan tokkoo gara Afaan biraatti yoo hiikamu Hiika qeenxee ykn baaqqee jedhama. Hiikoo gosa kanaatiin Kitaaboleen Biraannaa durii Afaan warra alaa irraa gara Gi'iziitti, Gi'izii irraa gara Amaariffaa fi Oromiffaatti hiikamaniiru. Fakkeenyaaf Gi'iziidhaan "በልዋ ለዛቲ ቋንፅል" jedha gara Amaariffaatti yoo hiikamu "ለዚያች ቀበሮ እንዲህ በሏት" jedha, akkasumas Oromiffatti yeroo hiikamu "Jeedala sanaan akkas jedhaa" kan jedhu ta'a. Hiika baaqqee jechuun kana.

.

~ Fakkeenya hiika iccitiin (ምሳሌ በሚስጥራዊ ትርጉም)

.

Kana kaasuu keenyaan dura "fakkeenyaa" fi "iccitiin" maal akka ta'an gargar baasnee haa ilaallu;

.

- Fakkeenya; fakkeenyi wanta tokko ifa taasisuuf kan fayyadu waan ta'eef wanta tokko yeroo fakkeenyaan dubbatan salphaatti hubachuun ni danda'ama. Barsiisni kun gooftaan keenya karaalee Wangeela irratti ittiin barsiise keessaa tokkodha. Akkuma Raajichi Daawwit dubbate akka raawwatuuf. Faar. 77:2, Marq. 4:34- Iccitii; Iccitiin ammoo wanta dhokate garuu keessa kan jiru gubbaatti kan hin mul'anne akka jechuuti. Kan biraa hiikoo iccitii kan jedhamu dubbisa isaa, galumsa isaa osoo hin barbaadiin ykn hin eegiin iccitii isaa qofa eeguun kan hiikamudha. Jechi fakkeenyaan kenname of keessatti iccitii qaba, kana yeroo hubachiisanis hiikoo ta'a. Hiikoon iccitii nuti ogummaa fooniitiin qorannee kan bira geenyu miti. Fakkeenyaaf "አንተ ኮኩሀ" "Ati bu'uuradha" Pheexiroosiin jedhe. Kan biraa "Jeedala sanaan akkas jedhaa!" Jeedalaan kan fakkeeffame Heroodsidha. Maat. 16:18, Luq. 13:22.

.

~ Hiikoo Andimtaa

.

Hiikoo Andimtaa kan jedhamu yeroo tokko erga hiikame booda, bu'uura isaa, tokkummaa isaa osoo hin gadhiisiin irra deebiin tokkos jechaa hanga kudhanii, kudha shaniitti kan itti fufudha. Hiikoo Andimtaa keessatti afaan Gi'izii irratti bakka jecha "አንድም" "tokkos" jedhuuf "ቦ" fayyadamu.

.

3. Barnootni Andimtaa yoom eegalame?

.

Barnoonni Andimtaa ifatti kan beekame Dh.K.B jaarraa tokkoffaa keessa. Isa duras abbootiin Yihuudotaa Kitaabolee Musee shanan fi Kitaabolee Raajotaa Andimtaatti jijjiiraniiru. Akkasumas Gooftaa fi Duuka Bu'oonni isaa barnoota Andimtaa karra bananiiru. Erga kennaa Afuura Qulqulluu argatan boodas kitaabolee hiikuun barsiisaa turaniiru. Akkasuma Mana Kitaabaa ykn Mana Barumsaa Afuurawaa jalqabaa kan ta'e Iskindiriyaatti bara 60 Dh.K.B Qulqulluun Maarqoos banuun barnoota Andimtaa babaldhisaniiru.

.

Akkasumas akka Itoophiyaatti yoo ilaallu; Yoomii fi Eenyuun akka jalqabame beekamuu baatus tilmaamonni akka agarsiisanitti;

.

~ Kitaaboleen Oriitii Ibraayisxii irraa gara Gi'iziitti yeroo hiikaman, Kitaaboleen Andimtaan akka waliin dhufan ni amanama.

~ Boodas Kitaabolee Kakuu Haaraa Afaan Giriikii irra gara Gi'iziitti yeroo hiikaman Kitaaboleen haala hiikoo Andimtaa waliin hiikamuu akka hin oolle jedhama.

~ Akkasumas Sinkisaara Hagayya 20 dubbifamu irrattis Kitaaboleen Andimtaa gara Itoophiyaa kan galan bara Abuna Salaamaa jaarraa 4ffaa keessa akka ta'eefi isaanis akka jalqabsiisan ibsameera.

<<< Wangeela Qulqulluu ፥ ቅዱስ ወንጌል>>>

.

Seensa /6/

.

>>> Qulqulluu Maatewoos <<<

.

Maqaa Abbaa kan Ilmaa kan Afuura Qulqulluu Waaqa tokko Ameen!

.

Maatiiwwan Waaqayyoo, Ijoolleen haadha keenya Qulqulleettii Dubroo Maariyaam nagaa Waaqayyootiin akkam jirtuu?

.

Akkuma beekamu barnoota keenya kana akka fedha Waaqayyootti erga jalqabnee kunoo seensa 6ffaa irra geenyeerra. Kutaa kana jalattis qabxiiwwan gurguddoo lama ni ilaalla isaanis Wangeela maalif

Duuka Bu'oonni lamaa fi Abbootii Qulqulloonni lama barreessan? kan jedhuu fi Seenaa Duuka Bu'aa Qulqullicha Maatewoos.

.

Wangeelota Afran kan barreessan Duuka Bu'oota keessaa lama jechuunis Maateewoos fi Yohaannis, akkasumas Qulqulloota Abboota /gargaartota/ keessaa lama Maarqoos fi Luqaasidha. Maalif hunda isa Duuka Bu'oonni ykn Abbootii Qulqulloonni /gargaartonni/ hin barreessine kan jedhu gaaffi ka'uu qabuu fi ka'u dha.

Sababni isaas Kabaja Wangeelaaf, Wangeelli Duuka Bu'oota qofaaf kan kenname akka hin taane ibsuufi.

Osoo Duuka Bu'oota qofaatu barreesse ta'ee Qulqulloonni Abboonni boodarra barsiisuuf gara Addunyaa yeroo deeman ni tuffatamu ture isin kan isin barsiifna jettan yoom Wangeela barreessitan jedhamu ture waan ta'eef, Osoo Duuka Bu'oonni hin barreessine ta'ees akkasuma isin yaaduma duuka bu'oota gooftaa jedhamtan malee yoom Wangeela barreessitan jedhamu waan ta'eef lama duuka bu'ootni, lama ammoo qulqullootni abbootni /gargaartonni/ barreessan jechuu dha.

.

Qulqulluu Maateewoos

.

Akka Tiwufiitii /Holy Tradition/ Mana Kiristaanaa keenyaa abbaan Qulq. Maateewoos Diquu jedhama, Ilfiyoosis ni jedhaan. Marq. 2:14. Haati isaa ammoo Kaarutiyaas jedhamti, dhalootni isaa Qomoo Yisaakoor irraati. Maqaa isaa duraa Leewwii dha, erga waamame booda maqaan isaa Maateewoos jedhameera. Maqaa kana kan baaseef Gooftaa keenya Qoricha keenya Iyyesuus Kiristoos yoo ta'u Afaan Ibraayisxiin Maateewoos jechuun "Kennaa Waaqayyoo" jechuu dha.

Biyyi dhaloota isaas Naazreet magaalaa jedhamtu yoo ta'u, kan gooftaa duuka bu'e osoo gooftaan naannoo Qifrinaahoomitti dhukkubsattoota fayyisaa jiruu Maatewoos ammoo osoo Qifrinaahoomitti osoo qaraxa guuruu gooftaan keenya erga "Na duuka bu'i!" jecheenii waamee boodadha. Qulq. Maateewoosis wanta hunduma dhiisee isa duukaa bu'e, Luq. 5:26-32, Maat. 9:9-13 dhumarrattis Qulq. Maatewoos affeerraa guddaa taasise kanarraa kan ka'es "Tazkaara isaa dhaabbii baase kan duuka bu'e" jechamuun beekama achumaanis hojii isaa duraa ni dhiise.

.

Biyyi /kutaan/ Lallabaa Qulq. Maatewoos Filisxeemidha. Biyya kanattis dhaloota gooftaatii kaasee hanga ol ba'iinsa gooftaatti wangeela gooftaa barsiisuun namoota hedduu Xaa'otii Waaqessan gara Kiristoositti fideera. Duuka Bu'aan kun Duuka Bu'oota Kudha Lamaan keessaa tokko kan ta'eefi Wangeela tokko kan abbaa boqonnaa 28 kan barreesse dha. Wangeela isaas erga barreesse booda gara Iyyerusaaleemitti deebi'ee Appaangeetti barsiisuun namoota hedduu gara Waaqayyo beekuutti fi Waaqayyotti amanuutti fideera.

.

Akka Kitaaba Qabsuura Duuka Bu'ootaa /ገድለ ሀዋርያት/ irratti ibsametti boqochuu isaan dura duumessaan fe'amuun dachee Eebbifamtootaa /ብሄረ ብፁሃን/ ilaaleera. Achee erga deebi'e boodas biyyoota akka Filisxeem, Faars, Baabiloon, biyyoota Arabaa, Itoophiyaa fi k.k.f barsiiseera.

.

Itoophiyaattis naannoo bara 40 naanna'ee akka barsiise, mootota Oritawaa /Oritii/ ta'anis akka barsiise, Ormoota /Ahizaabotas/ akka barsiisee cuuphee, warreen dhukkubsatanis akka fayyise, du'aas akka kaase Beektonni Mana Kiristaanaa keenyaa fi Kitaaboleen Biraannaa Naannoo Tigraay Gadaamii Mahibere Tsaadqaan Deegeetti argaman ragaa ba'u.

.

Dhuma irrattis biyya Tiriyaa jedhamtutti osoo barsiisuu bulchaan biyyichaa ni hidhe, mana hidhaattis nama daldalaaf qarshii gooftaan isaa kenneef dambaliin jalaa fudhatee boo'u argee isa jajjabeesse. Qarshichas namarraa kadhatee gooftaa isaaf akka kaffalu itti himee akka hiikamus, galaana qarqarattis

qalqalloo warqeen guutamee gatamee jiru akka argatu, sanas gooftaa isaaf erga kenne booda hidhaa fi idaa isaa irraa bilisa akka ta'u itti hime.
Namichis wanti Qulqulluun Maatewoos itti hime hundi waan isaaf raawwateef Qulqulluu Maatewoosiif sagadaa "Iyyesuus Kiristoositti nan amana" jedhee gammachuun amantaa isaa ibse. Warreen kana dhaga'anis Iyyesuus Kiristoositti amananiiru.
.
Sababa kanaanis ajaja mootii Ariyaanoosiin Onkoloolessa 12 mormi isaa Sayifiin muramuun wareegamummaan boqoteera, reenfa isaas duuka bu'oonni isaa kabajaan awwalaniiru. Akkasumas Kitaaba Hiikoo Andimtaa Wangeelaa irrattis biyya Bisbaaraa jedhamtutti dhagaan rukutame akka du'eefii, kutaa biyya Qisaariyaa kan taate Qirxaagnaatti akka awwaalame ibsamee jira.
.
Galanni Waaqayyoof haa ta'u!
.
Madda :-
https://eotcmk.org/a/ቅዱስ-ማቴዎስ-ወንጌላዊ/
መዝገበ ታሪክ ክፍል አንድ
ፍኖተ አበው
.
Itti fufa!
.
Kibxata, 28/11/2012
Barreessaan Wolde Semait

<<< Wangeela Qulqulluu ፥ ቅዱስ ወንጌል >>>
.
<<<Seensa /7/>>>
.
Maatiiwwan Waaqayyoo, ijoolleen haadha keenya Qulqulleettii Dubroo Maariyaam nagaa Waaqayyootiin akkam jirtuu?
Kutaa kana jalatti seensa muraasaa fi wantoota bu'uura waa'ee Wangeela Maateewoos ni ilaalla.
.
Barreessaan Wangeela Maateewoos Duuka Bu'aa Qulqullicha Maatewoosidha, Wangeelicha kan barreesses Yihudotaaf akka ta'e beekamaadha. Sababni isaas caqasoota hedduu hanga caqasoota 100 olii Kakuu Moofaa keessaa caqaseera. Wangeelichas kan barreesse afaan Ibraayisxiin yoo ta'u, haalli barreeffama isaas sirna, seera Yihudotaa irratti kan hundaa'edha. Kana kan godheefis Yihuudonni

sababa barbaaddota ta'uu isaanii waan beekuufi. Seera isaanii eegee barreessine osoo ta'ee seera keenya cabse Wangeela isaa hin fudhannu jedhu waan ta'eef.

.

Wangeelli Maateewoos kunis iddoowwan gurguddoo jaha /6/ tti qoodamee qo'atama. Isaanis;

.

1. Waa'ee dhalachuu, cuuphamuu fi qoramuu Gooftaa keenya Iyyesuus Kiristoos. (Boqonnaa 1-4)

.

2. Lallabaa tulluu irraa /የተራራው ላይ ስብከት/ (Boqonnaa 5-7)

.

3. Waa'ee humna hojii isaa (Boqonnaa 8-12)

.

4. Duuka Bu'oota barsiisuu isaa (Boqonnaa 13-20)

.

5. Jibbamuu fi ajjeefamuu isaa (Boqonnaa 21-27)

6. Du'aa ka'uu isaa (Boqonnaa 28)

.

Gama biraatiin Wangeelli Maatewoos boqonnaa 28 kan qabu yoo ta'u baay'ina boqonnaalee isaatiin Wangeelota kaan yoo caalu, baay'ina lakkoofsota isaatiin ammoo Wangeela Luqaasitti aanee lakkoofsota 1068 qabachuun lammaffaadha. Wangeelli Maateewoos kan barreeffame naannoo bara 58 B.A Wangeela Maarqoositti aanuni.

.

Sababni Wangeelli Maatewoos osoo Wangeela Maarqoos booda barreeffamee jiru jalqaba irra taa'eef qabiyyee isaatiin, kunis Caqasoota Kakuu Moofaa 150 ol waan caqasee fi hidda dhaloota gooftaan waan sirriitti barreesseefi kanaanis "riqicha Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa" jedhamuun ni beekama. Wangeelli Maatewoos barnoota ykn barumsa gooftaa baay'inaan dhiyeessuun Wangeelota kaan ni caala. Kunis walii gala lakkoofsotaa 1068 keessaa 644 kan ta'anidha, Dhibbantaa 60 ykn 60% jechuu dha. Akkasumas Caqasoota Kakuu Moofaa baay'inaan caqasuun Wangeelota kaan ni caala, Gooftaan keenya Iyyesuus Kiristoos dursa raajotaan kan dubbatameef Maasihii ta'uu isaa hubachiisuufis seenaa tokko erga barreesseen booda "Kanaanis ..... jedhamee kan dubbatame (raajiidhaan kan barreeffame) ni raawwate, akka raawwatuuf" jechuun ragaa baha.

.

Qulqulluun Maatewoos Duuka Bu'aa Tiwufiitii baay'inaan fayyadamedha. Waa'ee afaan Qulqullichi Maatewoos Wangeela isaa ittiin barreessee irratti yaadonni garaa garaa sadi ni jiru; Isaanis;

.

1. Ibraayisxii dhaan :- Beektota Mana Kiristaanaa dabalatee hayyoonni hedduun kan irratti walii galan Qulqulluun Maateewoos Wangeela isaa afaan Ibraayisxiin barreesse yaada jedhudha. Garaa hanga ammaatti Waraabbiin isaa hangafni (original copy) hin argamne.

.

2. Aramaayikii dhaan :- Paapiyaas abbaan jedhamu jaarraa lammaffaa keessa akka ibsetti Qulqulluun Maatewoos dursee Barnoota ykn barumsoota gooftaa keenyaa Iyyesuus Kiristoos afaan Aramaayikiin Loojiyaa (Logia) kitaaba jedhamu irratti walitti qabee ture. Boodas Wangeela isaa yeroo barreessu barumsoota gooftaa kan gara galche kitaaba kana irraadha. Aramaayikiinis loqoda (dialect) Ibraayisxii keessaa tokko yoo ta'u,

naannoo jaarraa tokkoffaatti Baha Giddu galeessaa /keessattuu dachee Filisxeemitti/ afaan hojii ykn afaan hangafaa ture (lingua franca). Gooftaanis Wangeela kan lallabe afaan Aramaayikiin ta'uu isaatiin Maatewoos jecha bu'uura ka'umsaa Wangeelichaa afaan kanaan barreesseera. Wangeela isaa keessatti garuu jechoota garmalee xiqqoo ta'an jechuunis /Elohee Elohee Laamaa Sabaqtaanii. Maat. 27:46/ qofa

fayyadamuun isaan ala jechootni Aramaayikii hiikamuun dhiyaataniiru malee haalli barreeffama isaa Aramaayikii hin hordofne.

.

3. Giriikii dhaan :- Kitaabolee ykn waraabbiiwwan durii hedduun isaanii afaan Giriikiin waan argamaniif, afaan Giriikiin barreeffame yaadni jedhu jira. Abbootiin warreen durii (apologists) Wangeela Maatewoos yeroo caqasan, kan fayyadamanis isa Girikiiti. Bu'uura Tiwufiitii Mana Kiristaanaatiin garuu Wangeela Maatewoos gara afaan Giriikiitti kan hiike Qulqulluu Yohaannis Wangeelaawwidha.

.

Akkasumas Qulqulluun Maatewoos Wangeela isaa kan barreesse dachee Yihudaa taa'ee akka ta'e ni himama.

.

Xumura irratti Qulqulluu Maatewoos sababni Wangeela kana barreesseef ykn kaayyoon Wangeelli Maatewoos barreeffameef gurguddoon;

.

1. Lakkoofsa ykn jaarraa, baroota dubbachuuf.

.

2. Iyyesuus Kiristoosii sanyii dhiiraan dhalate jedhaniinii turan waan ta'eef, sanyii dhiiraa malee Qulqulleettii Dubroo Maariyaam irraa Afuura Qulqulluun dhalachuu isaa barsiisuuf.

.

3. Yohaannis Cuuphaan gooftaa keenya Iyyesuus Kiristoos ni caala jedhanii turan waan ta'eef, Gooftaan keenya akka caalu, Yohaannis ammoo gooftaadhaa gadi akka ta'e, "hidhaa kophee miila isaa illee hiikuun naaf hin ta'u" kan jedhe ibsuuf.

.

4. Gooftaa keenyaan Bi'eel Zebuuliidhaan Seexana baasa jedhaniinii turan waan ta'eef, Afuura Waaqayyootiin Seexana baasa kan jedhu ibsuuf.

.

5. Gooftaa keenyaan Raajota keessaa tokko dha jedhuun ture, Waaqa Raajotaa akka ta'e ibsuufi k.k.f

.

Galanni Waaqayyoof haa ta'u!

.

Seensi Xumurame

.

Roobii, 29/11/2012
Wolde Semait